Tokkoon keessan obboleessa isaa yeroo qunname salaamtaa haa jedhuun, mukni yookaan dhaabni yookaan dhagaan gidduu isaaniitti haguugde eegasii ammas yoo isa qunname salaamtaa isaan haa jedhu

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu-Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Tokkoon keessan obboleessa isaa yeroo qunname salaamtaa haa jedhuun, mukni yookaan dhaabni yookaan dhagaan gidduu isaaniitti haguugde eegasii ammas yoo isa qunname salaamtaa isaan haa jedhu».
[sirrii] [abuu daawud odeesse]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Muslimni tokko obboleessa isaa Muslimaa yeroo qunnamu hundatti salaamtaa akka isaan jedhu kakaasan, yoo isaan osoo waliin deemanii gidduu isaaniitti danqaan akka mukaa, ykn dhaabaa, ykn dhagaa guddaa isaan garagara baasee eegasii isa qunname deebi'ee akka salaamtaa isaan jedhu kakaasaniiru.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3552